OROMO

NHS
Greater Glasgow and Clyde

Odeeffannoo waa'ee

Daranyoo Sombaa Dhokataa

(Afaan oromoo)

TB Dhokataa

- TB ni jiraata malee qaama keessatti hin guddatu
- Nama tokko miira fayyaa dhabuu akka itti dhagahamu ykn mallattoo akka qabaatu hin godhu
- Nama irraa gara namatti babal'achuu hin danda'u
- Gara dhukkuba TBtti tarkaanfachuu danda'a

Dhukkuba TB

- TB'n sochii kan qabuu fi qaama keessatti kan guddatudha
- Namatti miirri fayyaa dhabuu akka itti dhagahamuu fi mallattoo akka qabaatu taasisa
- Nama irra gara namaatti daddarbuu danda'a
- Yoo hin yaalamne du'a fiduu danda'a

Daranyoon Sombaa Dhokataa (TB) maali?

TB dhokataa jechuun yeroo jarmiin TB qaama keessan keessa jiru garuu TB sochii qabu hin qabnedha.

- Jarmiin TB qaama keessan keessa jiraatus, sirni ittisa qaamaa keessan ni to'ata.
- Mallattoo tokkollee hin mul'atu ykn fayyaa dhabuun sitti hin dhaga'amu.
- Jarmii TB nama biraatti dabarsuu hin dandeessan.

TB dhokataan infekshinii TB, TB dadhabaa, ykn TB sochii hin qabne jedhamuu danda'a.

TB Dhokataa akkamitti adda baasuu dandeessu?

Qorannoowwan adda addaa kanneen qorannoo gogaa daranyoo fi/ykn qorannoo dhiigaa dhukkuba TB dhokataa mirkaneessuuf taasifamuu danda'an ni jiru.

TB Dhokataa Maaliif Yaalamuu danda'a?

- Gara fuulduratti TB sochii qabu akka hin qabaanneef TB dhokataan yaalamuu qaba.
- Yeroo baay'ee, sirni ittisa qaamaa jarmii erga afuura baafannee booda ajjeesa. Haa ta'u malee, sirni ittisa qaamaa keenyaa yoo dadhabe, jarmii TB to'achuu dadhabuu mala. Kunis jarmiiwwan TB akka socho'an taasisa.

Wal'aansi isaa maali?

Wal'aansi TB dhokataa yeroo baay'ee qoricha farra baakteeriyaa lama ji'a sadiif guyyaa guyyaatti kiniinii tokko walitti fudhatamanidha.

Jarmiin TB baay'ee suuta waan ajjeefamu kanaaf wal'aansa farra baakteeriyaa guutuu xumuruun baay'ee barbaachisaadha. Koorsii kana xumuruu dhabuun gara fuulduraatti carraa dhukkuba TB sochii qabuun qabamuu dabaluu danda'a.

Wal'aansa duraa fi yeroo wal'aansaatti kaleen keessan akka idileetti hojjechaa jiraachuu isaa mirkaneessuuf qorannoo dhiigaa isin barbaachisa.



Rifinah 150/100mg



Rifinah 300/150mg



Pyridoxine
Vitamin B6

Miidhaan Dabalataa Jiraa?

Yeroo qoricha farra baakteeriyaa fudhattan, fincaan, sochiin garaachaa, imimmaan ykn dafqi keessan halluu diimaa ykn burtukaanaa ta'uu akka danda'u hubachuu dandeessu. Kun miidhaa dabalataa miidhaa hin qabneedha.
Leensiiwwan qunnamtii lallaafaan halluu jijjiiruu danda'u.

Farri baakteeriyaa kun qoricha ulfa ittisuu 'piilii' fi ittisa ulfaa biroo bu'a qabeessa akka hin taane gochuu danda'a. Kana jechuun mala ittisaa amanamaa kan akka kondomii fayyadamuu qabdu jechuudha. Maaloo waa'ee kana irratti kilinika karoora maatii, hakiima ykn ogeessa qorichaa keessan waliin mari'adhaa.

Maaloo yoo wantoota armaan gadii isin mudatan hakiima keessanitti himaa:

- Locuu ykn olgurraa
- Hossee (kutaa adii ijaa ykn gogaa keelloo ta'uu)
- Shiffee ykn cittoo itti fufiinsa qabu
- Dhaqna gubaa
- Qubni harka ykn qubni miilla dhiita'uu

Yaadadhaa

- Guyyaa hunda, ciree nyaachuu keessan daqiiqaa 30 dura qoricha farra baakteeriyaa fudhachuu qabda
- Kiniinii tokko of hin dabarsinaa
- Alkoolii irraa fagaadhaa
- Beellama kilinikaa hunda irratti argamuuf yaalaa

Dhiisaa

Yeroo wal'aansa TB keessanitti siree aduu fayyadamuu hin qabdan. Maaloo yeroo gogaan keessan ifa aduu cimaaf saaxilamu kireemii aduu ol'aanaa ta'e fayyadamaa. (Qorichoonni farra daranyoo sombaa tokko tokko gogaan keessan balaqqeessa aduutiif caalaatti akka saaxilamu gochuu danda'u)

Odeeffannoo dabalataa:

Odeeffannoo dabalataa ykn gorsa yoo barbaaddan Narsii TB naannoo keessanii qunnamaa:

Glasgow Royal Infirmary

Glasgow and Clyde East and North
☎ **0141 201 3900**
Wixataa - Kamisaa 9am - 6pm (Fri 4:30pm)

Gartnavel General Hospital

Glasgow and Clyde West
☎ **0141 232 2161**
Wiixataa - Roobii 8am - 4pm

Queen Elizabeth University Hospital

Glasgow and Clyde South
☎ **0141 451 5862**
Wiixataa - Kamisaa 8am - 4pm

New Victoria Hospital

Glasgow and Clyde South West
☎ **0141 345 8846**
Kibxataa - Jimaataa 9am - 4pm